Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት
Oromia National Regional of Government
Biiroo Misooma Jallisii fi Horsiisee Bulaa Oromiyaa
የኦሮሚያ መስኖና አርብቶ አደር ልማት ቢሮ
Oromia Irrigation and Pastoralist Development Berue

Lakk BMJHBO/4-3/512
ቁጥር
Guyyaa 13/12/2017
ቀን

**Hakikon Engineering jv MCG Construction plc**

**B/Jiranitti**

Dhimmi:- **Deebii Komii Firii caalbaasii pirojektii Jigeessaa irratti dhiyaate ilaallata.**

Dhaabbatni keessan komii firii caalbaasii iraatti qabu xalayaa lakk **HKC/MCG/005/17** gaafa guyyaa **28/11/2017** barreesseen ibsee jira.

Kanuma irratti hundaa'uun komiin keessan koree komii Biiroo keenyaatiin ilaalamee jira. Kanaanis dhaabbatni keessan "barbachisummaa ulaagaalee Caalbaasii kabajuu guutummaatti ni kabajna waliigalteen shaarikummaa keenya akka keewwata **9.2** irratti ibsametti itti gaafatamummaan wabii kabachiisa caalbaasii( bid security) qopheessuu fi dhiyyeessuun kan garee hoogganaa(dursaati),jechuun wabiin kabachiisa caalbaasii maqaa garee hoogganaa yoo ta'u innis **Hakikoon Engineering plc** kan ta'edha jechuun kan komatanidha. Haata'u malee, akkaataa sanada caalbaasii QD 18.2 irratti ibsameen tokkoon tokkoon miseensi waldaa sharikaa ulaagaalee gahumsa seeraa,ogummaa, tekinikaa fi maallaqa gaafataame akkaataa fedhii mootummaatiin kan guutamuu qabu ta'uu ifatti kan kaa'uu fi haala **QD 21.3** irratti ibsameen "W**aldaan shariikaa seeraan hundeeffamef wabiin kabachiisaa maqaa waldaa sharikichaatin dhiyaachuu qaba yookiin maqaa tokkon tokkon miseensoota waldaa sharikichaatin qophaa'ee dhiyaachuu qaba**" jedhamee sanada caalbaasii gugurame irratti ibsamee jira. Dhaabbatni keessan garuu maqaa tokko qofaan kan hojjechisiiseef bu'aan koreen teknikaa ittiin madaale sirrii ta'uu koreen komii irra deebiin waan mirkaneesseef yaada murtoo koree komii kana cimsuun ka nisin beeksise ta'uu isin beeksisna.

Nagaa Wajjin

Inj. Girmaa Raggaasaa Bulaa
Hogganaa Biiroo

G/G

- Hoogganaa Biirootiif
- Day/Bittaatiif

BMJHBO